# XIINXALA JAARGOCHA ASOOSAMAA DHEERAA GAADII

**ABDII TAAYYEE WAAYIMAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA, 2014/2021**

**FINFINNEE**

# XIINXALA JAARGOCHA ASOOSAMAA DHEERAA GAADII

QORATAAN, ABDII TAAYYEE WAAYIMAA

GORSAAN, FILEE JAALLATAA( PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII

KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

# Axereeraa

*Qorannoon kun Xiinxala jaargochaa asoosama dheeraa gaadii irratti kan adeemsifameedhe. Kunis boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Innis boqonnaa tokko keessatti seensa, Seenduubee qorannichaa, Ka'umsa qorannichaa, Kaayyoo qorannichaa jelatti; kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree qorannichaa daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa qabatee kan dhiyaateedha. Boqonnaa lama jelatti immoo sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a qorannoo walfakkiitu dhiyaate. Sakatta'a barruu yaadrimee jelatti ibsa ogumaa, maalummaa ogbarruu, faayidaa ogbarruu, gosoota ogbarruu, gosoota ogbarruu barreeffamaa, maalummaa asoosamaa, ibsa asoosama dheeraafi gabaaba, caacculee asoosamaa jranu, maalummaa jaargochaa, caasaalee jaargochaa kanneen akka saaxiala, olka*'insa*, bantimiir, sigigoo, furmaatafi qorannoowwan walfakiitu keessatti dhiyaate. Boqonnaa sadii keessaatti malaawwan qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa afur keessatti xiinxalaafi hiika ragaaleetu dhiyaate. Innis jaargochi asoosama dheeraa gaadii keessaa kanneen boqonnaa lama keessatti eeraman tokko tokkoon kan dhiyaataniidha. Boqonnaa shan keessatti yaadolee muraasa kanneen akka cuunfaa, argannoofi yaada furmaatatu dhiyaate. Walumaa galatti qorannoon kun boqonnaawwan shanitti qoodamee kan dhiyaatedha.*

# Galata

Waanta hudumaa dursee bu'aa bayii hundumaa keessa nabaasuun rakkoo hundumaa nadandeessisee kan asiin naga'ee, qorannoo kanas akkan geggeessee galmaan ga'uf fayyaafi haamilee hunda naaf kennuun kan nagargaare Waaqayyo uumaa galanni guddaan naaf haga'u. Inni biraan qarshiifi haamilee hundumaan nabira dhaabachaa, nagargaara kan turaniifi jiran abbaako obbo Taayyee Waayimaafi haadhako adde Dammituu Dheereessaa onnee kiyyarraa galateeffachuu barbaada. Itti aansuun tuffii tokko male naamusa gaariin nasimachaa akkan qorannoo kana geggeesuun galmaan ga'uf kan najajjabeessaa naqajeelchaa turan, barsiisaafi gorsaako Filee Jaallataa (PHD) onnee kiyyaan galateeffadha.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa ........ i
Galata ........ ii
Baafata ........ iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1 Seenduubee/Ariirrrata Qorannichaa ........ 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........ 4
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ........ 5
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 5
1.3.2 Kaayyoon Gooree ........ 5
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 6
1.5 Daangan Qorannichaa ........ 6
1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 8
2.1 SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII ........ 8
2.2 Ogumaa ........ 8
2.3 Maalummaa Ogbarruu ........ 8
2.4 Faayidaa Ogbarruu ........ 9
2.5 Gosoota Ogbarruu ........ 10
2.6 Gosoota Ogbarruu Barreeffamaa ........ 10
2.7 Maalummaa Asoosamaa ........ 11
2.8 Faayidaa Asoosama ........ 11
2.9 Gosoota Asoosamaa ........ 11
2.9.1 Asoosama Dheeraa ........ 12
2.9.2 Asoosama Gabaabaa ........ 12
2.10 Ruqiilee Asoosama ........ 12
2.11 Maalummaa Jaargochaa ........ 12
2.12 Caasaalee Jaargochaa ........ 13
2.12.1 Saaxila/Tuqata ........ 13

2.12.2 Olka'insa/Finiina ........ 13
2.12.3 Bantimiir ........ 14
2.12.4 Sigigoo ........ 14
2.12.5 Furmaata ........ 14
2.13 SAKATTA'A QORANNOO WALFAKKII ........ 15
BOQONNAA SADII: MALAAWWAN QORANNICHAA ........ 17
3.1 Saxaxa Qorannichaa ........ 17
3.2 Madda Ragaalee ........ 18
3.3 Mala Iddattoofi Iddatteessuu ........ 18
3.3.1 Mala Iddattoo ........ 19
3.3.2 Mala Iddatteessuu ........ 19
3.4 Mala Funaansaafi Qaaccessa Ragaalee ........ 20
BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE ........ 21
4.1. CAACCULEE JAARGOCHAA, ASOOSAMA DHEERAA GAADII KEESSATTI..... 21
4.1.1. Saaxila/ Ka'umsa ........ 21
4.1.2 Tuqataa ........ 22
4.1.3 Finiina ........ 23
4.1.4. Batmiira ........ 28
4.1.5. Sigigoo ........ 29
4.1.6. Furmaata ........ 31
4.2. Haalaalee/Tooftaalee Asoosamni Gaadii Ittiin Dhiyaate ........ 31
4.2.1.Addeessuu ........ 32
4.2.2.Marii ........ 32
4.2.3.Raaguu ........ 32
4.2.4.Duub-deebii ........ 33
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 34
5.1 Cuunfaa ........ 34
5.2. ARGANNOO ........ 35
5.3 YAADA FURMAATAA/ YABOO ........ 35
Wabiilee ........ 37

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Addunyaan yeroo ammaa kana kan kanarra ga'uu dandeesse bu'aa barnoota yookaan qorannootini. Kanaaf barnoonni yookaan qorannoon guddinaafi jireenya ammayyaawwaa addunyaa kanaaf murteessa akkuma ta'e, jiruu-jireenya dhala namaa guyyaa guyyaan geggeeffamu keessattis murteessa akka ta'e beekun barbaachisaadha. Kanaaf faayidaan barnoota yookaan qorannoo kana jedhame daangessuun waan danda'amu miti yookaan hiika isaa xiqqeessuu ta'a.

Kanaaf qorannoon faayidaa hedduu, hanga kana hinjedhamne qaba. Fakkeenyota muraasa faayidaa qorannoo yoo kaasne faayidaasa keessa; Rakkoo tokkoof mala furmaata barbaadu, beekumsa haaraa maddisiisuu, dandeettii namaa cimsuufi kan kana fakkaataniidha. Akkuma gorsaan kiyya jedhan "Qorannoon tooftaa rakkoo tokko ittiin adda baasan qofaa osoo hintaane rakkoo adda baheefis kallattiifi mala ittiin barbaadaniidha".

Kanaaf Qorannoon kunis kan adeemsifamu danda'e yookaan sababni qorannoo kanaa sadarkaa barnootaa ittiin fooyyeffachuuf kan adeemsifamee yemmuu ta'u, ogbarruu saba kanaaf immoo bu'aa akka buusu waan nama shakkisiisu miti jedhee amana qorataan.

## 1.1 Seenduubee/Ariirrrata Qorannichaa

Maalummaa ogbarruufi ibsa Ogbarruu irratti hayyoonni garaagaraa yaada garaagaraa kennaniiru. Kunis akkata ilaalchaafi muuxannoo isaaniirratti hundaa'uun hiika mataa isaani akka itti fakkatetti sababa kennaniifidha. Kana malees akka isaan of itti ilaalaniif, addunyaa itti ilaalan irraas Kan ka'an nijiru. warreen lixaa akka jedhanutti ogbarruun waan barreeffame hunda jedhu. Kun immoo ilaalcha dogongoraati jedhu warreen Afrikaafi Laatiin Ameerikaafa ogbarruun waan barreeffame hunda osoo hintaane kanmiidhagina qabuufi jechoota filatamoon dhiyaatudha jedhu. Fakkeenyaaf hayyuun keenya Asafaan(2009) kitaaba isaanii "Eela" jedhu keessatti akka ibsanitti,

> Ogbarruun kalaqa ilma namaa, kan muuxannoo jiruu-jireenya keenya haqa irratti ittiin bu'uressinufi ammas akka qabatamaa ta'uuf miidhagsinee, kuullee ittiin ibsinuudha. Ogbarruun mala ittiin waan hawaasummaaf bu'aa qabu tokko waliif dabarsinu, waantoota beekumsa ilmaan namaatti waan cobu/argamu tokko ittiin walii dabarsinuudha (Asafaa,2009).

Ogbarruun sammuu ilma namaatiin kan uumamu, jechoota filatamoo waliin yookaan qindaa'e kan dhiyaatuudha. Ogbarruun miidhagina kan qabu ta'ee, jiruufi jireenyi kan ittiin ibsamuufi miira ilma namaa kakaasuuf kan ooluudha.

Yaada hiika ogbarruu kana ilaalchisee Fedhasaa(2013) akka jedhutti, "hiikni ogbarruu ballaadha. Akkasumas kan nama biroo kan himuuf ogummaa eenyummaa deebisee kan nutti mul'isuudha. Ogbarruun ibsa yaada uummataa isa olaanaafi isa dhumaa jechootaan mullifamu kan durii jalqabee guddachaa dhufeedha'jedha.

Kana malees Geetaachoon (2008:133) hiika ogbarruu ilaalchisuun akka ibsetti, "ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee, kanneen akka fedhii, gammachuu, gadda, hawwiifi kan kana fakkaatan miidhaksee hojii ilma namaa walittii qindeessee kan agarsiisuudha"jedha. Kana jechuun ogbarruun hojii sammuu ilma namaa keessa jiru kan bifa miidhagaa ta'een mil'isu jechuudha.

Asaffaan (2009:17) waa'ee hiika ogbarruu akka ibsutti, "ogbarruun dhimma uummataa yookiin jireenya hawaaasaa ta'uun isaa hiika adda addaa qaba" jedha. Kana jechuun dhimma hawaasaa ogbarruun hin tuqneefi bira hin geenye hin jiru jechuudha.

Gooroo/ akaakuuwwan ogbarruu gurguddoo lamatu jiru. Isaanis ogbarruu barreeffamaafi ogbarruu afoolaa/ ogafaan jedhamu. Haata'u malee,ogbarruuwwan lamaan keessaa bu'uurri qorannoo kanaan wal qabatu ogbarruu barreeffamaa irratti kan xiyyeeffateedha. Ogbarruun barreeffamaa kalaqa barreessaan kalaqamee dubbistootaaf kan dhiyaatuudha.

Dhimma kana ilaalchisuun Wasanee, (2008:174) yoo ibsu, "barreeffamni tokko hojii kalaqaati yammuu jennu, barreeffamni sun waanta qabatamaa ta'e tokko akkuma jirutti kan gabaasu osoo hin taane haala barreessaa ilaaluun uumamee kan dhiyaatuudha" jedha. Kanarraa ka'uun ogbarruu barreeffamaa kan ta'aaniis kanneen akka asoosamaa, diraamaafi walaloodha.

Asoosamni barreeffama waantoota dhalli namaa addunyaa dhugaa keessatti raawwatan fakkeessuun sammuu namaa keessatti suuraa kaasuun barreeffamaan kan dhiyaatuudha. Akka Wasaneen (2008:136) ibsutti, "yaanni kun asoosamni hojii kalaqaa ta'ee akka ibsamu agarsiisuu isaati" jedha.

Asoosamni kunis qabiyyee isaanii irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodama Innis asoosama dheeraafi asoosama gabaabaadha. Akka fedhesaan kitaaba isaa bu'uraalee Ogbarruu keessatti kaasetti asoosamni bakka lamatti qoodama Innis akka armaan gadii kana jedha;

> Asoosamni dheeraan gosa Ogbarruu ta'ee seeneffama dheeraa sammuu barreesitootaatin kalaqameefi bifa hololootiin dhiyaatuudha. Asoosamni dheeraan yoomessa bal'aa qaba. Taatee bakkaafi yeroo dheeraa fudhatu seenessa. Jaargocha bal'aafi xaxamaa qaba. Dubbisanii xumuruufis yeroo dheeraa fudhata. Ergaa danuus qabaachu danda'a. Asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa hanga daqiiqaa soddomaa keessatti dubbifamuu danda'uufi jechoota kuma kudhanii ol hintaaneen kan kalaqamuudha ( Fedhesaa, 2019:94).

Yaada kana irraa kan hubatamu asoosamni hojii kalaqaa ta'ee bakka lamatti qoodama bifa miidhagina qabuun dhiyaatuudha. Asoosama kanas kan murteessu bal'ina isati kan jedhuudha. Kana malees asoosamni kun waliif faalladha. Kan irrattis akkas jedha;

> Asoosamni gabaabaan faallaa asoosama dheeraati. Yoomessa gabaabaafi udumamaa qaba. Jaargochi xaxamaa miti. Yaadnisaa faalla'ee hinqaari'u. Gochaa yeroo gabaabaaf raawwatame seenessa (Isuma ,94).

Yaada kanarraas Kan hubatamu asoosamni gabaabaan taatee yeroofi bakka tokko irratti kan xiyyeefatee seenessu ta'uu isaati. kunis barreessuufis ta'ee dubbisuuf yeroo gabaaba qofa fudhachuu isaati. Haaluma salphaan dubbifamee hubatamuu kan danda'u ta'uu isaati.

Caacculeen asoosamaa bu'uura asoosamni tokko irraa ijaaramu jechuudha. Asoosamni tokkos seerasaa yookaan seera asoosama tokkoo guutuuf warreen inni qabaachu qabuudha. Kanas barreessaan armaan oliitti eerame akkas jedha.

> seenaan asoosama tokkoo ruqiilee adda addaa torbarraa ijaarama. Isaanis kanneen akka jaargocha, namfakkii, yoomeessa, waldiddaa, akkaataa, ija seenessaafi ergaadha. Ruqiileen kanneenis asoosama dheeraas ta'u gabaabaan ruqiilee isaan kana ofkeessaa qaba. Ruqiilee kanneen hubachuun asoosama barreessuufis ta'e xiinxaluuf hedduu barbaachisa (Isuma:94).

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon tokko kangeggeefamu callisee osoo hintaane waan sababa godhatee ka'u qaba. Yaada kanas Fileen, (2019:171) yeroo ibsu, " Ka'umsa qorannoo jechuun sababa qorannoo tokkoo jechuudha. kana jechuunis, mataduree tokko irratti qorannoo geggeessuudhaaf maaltu akka nama kakase yookaan sababa kan tahan maal akka akka tahan/ tahe gadifageenyaan ibsuu irratti kan xiyyeeffatu akka tahe Badenhorst (2008) addeessee jira" jedha.

Kana malees yaada kana irratti Addunyaa, (2019:53) yoo ibsu, " Ka'umsa qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti ykn waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffame irratti mul'atu, dhimmichis rakkoo, ykn qaawwa jiru tokko duuchuuf ykn yaaxxina tokko haaromsuuf, ibsa bal'aa dhimmichatti kennuufi wkf ta'uu danda'a," jedha.

Anis kanuma bu'uura godhachuun, mata duree kana irratti qorannoo geggeessuuf jalqaba kaka'usa yookaan fedhiin koo dhimma biraa irratti ture, garuu haala yeroo ammaa kana Addunyaa mudatee jiruun, weerara dhibee koronaan walqabatee dirreetti bobba'anii ragaa funaannachuun qorannoo geggeessuun waan hindanda'amneef yookaan waantootuma naannoo kanaa qofarratti akka geggeesitan waan jedhameef kitaaba irratti akkan geggeesuuf murteesse.

Qorannoowwan garaagaraa yeroo garaagaraatti asoosama irratti adeemsifamaniiru/ yookaan geggeefamaniiru. Qorannoo Kanas qorannoowwan kanaan kallattii kanaan asoosama irratti geggeefamaniin kan adda godhu jaargocha asoosamaa (jaargocha asoosama gaadii) kana irratti geggeefamuu dhabuu isaati. Qorannoo kana keessattis warreen sadarkaa kanatti hojjetan yookaan hojjetaman asoosama guutuusa osoo hintaane, caacculee( elements of fiction) warreen ta'an keessaa muraasa filachuuni kan irratti geggeefame, yookaan geggeeffamu.

Qorannoowwan hanga ammaatti geggeefamanis hanga qorataan kun sakatta'etti mataduree kana irratti hingeggeefamne. Kana jechuunis asoosama kana irratti osoo hintaane jaargocha isaa irratti hanga qorataan kun Sakatta'etti hinjiru. Kanaaf qorannoo kana geggeessuu barbaade yookaan Qorataanis kanuma bu'uura godhachuun qorannoo garaagaraa ilaale, mata duree kana( Xiinxala jaargocha  asoosama Gaadii irratti waan hingeggefamnef qorannoo kana geggeesuuf ka'e.

Itti dabaluunis asoosamni kun tooftaa kamitti gargaaramee Jaargochaa isaa ijaare kan jedhu ibsuun gara fuulduraatti akkaa ijaarsa jaargochaa namoonni/ barattoonni irraa baruun tooftaa

kanatti/barbaadanitti gargaaramuun asoosama barreessuus, xiinxaluus nidanda'u kan jedhutu kakaase.

Qorannoon kunis kaninni geggeefameef gaaffilee bu'uuraa( ijoo) armaan gadiif deebi Kenna jedhamee yaadameeti:

- Jaargochi asoosama dheeraa gaadii keessaa eessatti argama?

- Jaargochi asoosama dheeraa gaadii caacculee akkam akkamii qabaa?

- Jaargochi asoosama dheeraa Gaadii haaxaalee (tooftaalee) akkamiin dhiyaatee jira?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Waanta tokko hojjechuuf kaayyoo qabaachuun barbaachisaadha. Kaayyoo malee kan adeemtu yoo ta'e maalif akka gootuufi maal akka gootu beekuun rakkisaa ta'a waan ta'eef. Kanaaf kaayyoon kunis Kaayyoo walii galaa / gooroofi Kaayyoo murta'aa/gooree jedhamee qoodama**.**

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kana jaargocha asoosama dheeraa Gaadii keessatti argamanu xiinxaluudha.

### 1.3.2 Kaayyoon Gooree

Kaayyoon gooree qorannichaa jechuun immoo Kaayyoo murt'aa waantoota qorannoo kana keessatti hojjetaman yookaan xiinxalaman jechuudha. Kaayyoon kunis kanneen kanaa gadiiti;

- Gosoota jaargocha asoosama dheeraa Gaadii keessa jiranu tarreessu.

- Haaxaalee/ tooftaalee jaargochi Asoosama dheeraa gaadii ittin dhiyaate ibsu.

- Haala qindaa'ina jaargocha asoosama dheeraa Gaadii keessa ibsu.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu, rakkoof fala barbaadu, rakkoo adda baasuun ibsuu, beekumsa dabaluu yookaan adeemsa wanta beeknurraallee gara wanta hinbeekneetti taasifamuudha jedhama. Qorannoon kun hojjetamee yeroo xumuramu, qaamoleen garaa garaa afaan oromoo irratti waa hojjechuu barbaadan yookaan barattoonni oromoofi barreessitoonni oromoo irraa fayyadamuu danda'u. Qaamoleen qorannoo kana irraa fayyadamuu danda'aan keessaa muraasni kanneen armaan gadii ta'u;

- Namoota/ Qorattoota mata duree kanaan walfakkaatan irratti qorannoo geggeessu barbaadaniif yaada Ka'umsa ta'uu mala.

- Warreen biroo dhimma kanaan walfakkaatu irratti akka qorannoo geggeessaniif kaka'usa uumuu danda'a jedheetu amana qorataan.

- Warreen dhimma kanaan walfakkatu irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif madda ragaa ta'ee tajaajiluu nidanda'a.

- Barreessitoonni oromoo gara-fuulduraatti dogongoroota jaargocha adda addaa irraa akka ofqusataniif nigargaara.

## 1.5 Daangan Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeefamu daangaa qabaachu qaba. Yaada kana irratti Addunyaa, (2019:55) yoo ibsu, "Qorannoon tokko daangaa qaba. Daangaan kunis bakkaa, bakkaa, odeeffaataafi qabiyyeedhan ta'a," jedha. Kanumarraa ka'uun qorannoon kunis daangaa kan qabuudha/daangeffamaadha. Daangan Kunis qabiyyee irratti hundaa'uun kan daangeffameedha. Daangaan qabiyyaasa kunis kan daangeffame kitaabota garaagaraa jiran keessaa kitaaba asoosamaati, asoosama keessaa immoo asoosama dheeraadha.

Asoosamoota dheeraa jiran keessa immoo asoosama Gaadii jedhamu irratti, asoosamni Gaadii jedhamu kunis asoosama dheeraa waan ta'eef, guutummaa isaa irratti geggeessuun waan hindanda'amne/ulfaatuuf caacculee asoosamoota warreen jedhaman keessa jaargocha isaa irratti kan xiyyeeffateedha. Malli qorannoon kun ittiin qoratames mala qorannoo akkamtaa (qualitative)

fi hammamtaa (quantitative) jiran keessaa mala qorannoo akkamtaa (quantitative) irratti xiyyeeffatee kan xiinxalameedha.

### 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yammuu gaggeeffamu hanqinni nama mudachuun isaa kan oolu miti. Keessattu yeroon kun akkuma beekamu yeroo dhibeen koronaa Addunyaa weeraree, wanta hunda haala duraarraa jijjiirsisee jiruudha. Hubaatiisa kana keessattis sirna baruufi barsiisuu irratti dhiibbaa hedduu geesiseera. Nutis yookaan Biyyi kunis kanumaan walqabatee yeroon keenya yookaan barnootaa hedduu gabaabbateera.

Kana malees Qorataan yeroo qorannoo kana adeemsisu keessatti yeroon qorannoo kanaaf kenname yeroo barnootaan walirra waan ooleef yookaan barnootas barachaa waan jiruuf hanqinni yeroo mudateera.

Haata'u malee, hanqinni mudate kun akkuma jirutti ta'ee, qorataan yeroo isaa boqonnaa malee carraa argatetti fayyadamuun qorannoo kana galmaan ga'eera. Qorannoowwan qorannoo kanaan walfakkaatan hedduun waan hin jirreef kunillee hedduu rakkiseera. Akkasumas, kitaabolee akka madda ragaatti itti fayyadame salphaatti argachuu hindandeenye. Kitaabolee kanneenis kan dhabe ergifachuun kan gabaarra argate immoo Hanqina maallaqaa osoma qabuu,al tokko tokko liqeeffatee bituun itti gargaaramee qarannoo kana akka xumuru taasiseera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1 SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII

## 2.2 Ogumaa

Ogumni umurii dheeraa qaba. Dhalli namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hin jalqabiin og-afaan (oral literature) yookaan afoolaan, fakkii fi bocaan yaada ofii ibsachaa ture. Kanarraa kan ka’e, umuriin ogumaa umurii afaaniitiin walqixa jedhamee tilmaamama. Umurii kana keessatti ogumaafi hiikaa adda addaatu kennamaa ture. Asafaa (2009:20) yommuu ibsu, " Ogumni (wisdom) waa’ee jiruu-jireenyaa(finna) dhala-namaa ta’ee, namootaan qindeeffamee namootaaf dhihaata. Kun immoo namoonni hojjaafi qo’annoo adda addaa irraa hiriiran akka hubannoo isaanitti hiikkaa adda addaa ogumaaf akka kennan taasisee jira," jedha.

Namoonni kamiyyuu ogumaaf hiikkaa addaa addaa haa kennaan malee seenaan ogumaa yaada namootaan ol illee kanta’udha. Sababni isaas ogumni umurin isaa umurii afaaniin waan tilmaamamuuf jechuudha.

Ammas itti dabaluun Asafaa kitaaba isaa Eela jedhu keessatti yommuu kaa’u, Hiikawwan hunda as keessatti tarreessinee kaa’uu hindandeenyu , yaada qo’attoonni oguma irratti qaban keessa Ibsan kan oguma uume yookiin oguma kalaqa, oguma isa barreeffamaan dhihaatu yookiin ogbarruu addaan qooduun yoo kaa'u akkas jedha, "kanaaf hiika tokko tokkoon ilaaluun waan hindanda'amnef kan hundi ittiin walfakkaatan yoo ilaalle; og-barruun muuxannoo ilmaan namaa ta'uu isaa, jechaan ibsamuu isaa, geggeeddaramuufi fooyya'uu isaa, waan kalaqaa tahuu isaati," jedha.

Gabaabumatti akka yaada hayyuu kanaatti ogumni hiikaa daanga’aafi gabaabaa ta’e akka hinqabneefi umuriin isaas dheeraa akkuma ta’e hiikkaan isaas bal’aa ta’uusaa kan ibsuudha. Akkasumas, ogumni( literature)n og-barruu barreeffamaa/ Ogbarruu( written literature)fi Ogbarruu afaanii/ og-afaan/afoola( oral literature) tti qoodama

## 2.3 Maalummaa Ogbarruu

Maalummaa og-barruu ilaalchisee hiikni walfakkaataan og-barruuf laatame hinjiru. Yaada kanaan kan wal qabatu Fedhasaan, (2013:3) yoo ibsu,"Ogbaarruun hiikaa adda addaa qaba.

Kunis ilaalcha beektonni madda jecha sanaaaf qaban irraa burqe. Jechi og barruu jedhu kunis hiikuma sana qabatee gara barreeffama kalaqa Oromoo seene,"jedha.

Yaada kanarraa kan hubatamu, jechi og barruu jedhu jecha afaan ingilizii "literature"‘ jedhu irraa kallattumaan gara afaan Oromootti kan hiikame ta'uufi og barruun waan barreeffamaan jiru qofaatti akka daanga'u taasisuusaati kan jedhuudha.

Ogbarruun waa'ee namaa ta'ee namootaan qindaa'ee namootaaf kan dhiyaatu ta'uusaati. Og - barruun waa'ee namaa ta'uun isaa hayyoonni dirreewwan qorannoo adda addaa keessatti argaman og barruuf hiika kallattii adda addaan akka kennan isaan taasiseera. Hayyuuleen ogbarruu mataa isaaniitiin akkaataa isaaniif mijatetti hiika waan itti kennaniifidha. Kana jechuun hayyoonni yaada walii fudhachuuf qophii ta'uu dhabuudhaan wal qabata. Hayyoota keessaa tokko kan ta'e hayyuun olii yommuu ibsu, "Sababni hayyoonni warri dhimma ogbarruuf hiika walfakkaataa kennuu dadhabbiif ogbarruun jiruuf jireenya dhala namaan kan wal qabate hunda waan ibsuuf ogbarruu kana jechuun hiika walfakkaatu kennuufiin akka hin danda'amnedha," jedha.

Kanaafuu, hayyoonni hiikkaa walfakkaataa dhabuu ogbarruu ibsanii kan dhiisan osoo hin taane, waan itti fakkaateefi akka hubannoo isaaniitti waan jedhan qabu. Asafaan, (2009:22) waa'ee og barruu yoo ibsu, "Ogbaarruun kalaqa sammuu ta'ee jechoota filatamaadhaan yaada barbaadan afaaniinis ta'e barreffaman mi'eessee yookaan miidhagsee dabarsa. Kanaafuu, waan barreeffamus waan himamus ni dabalata," jedha.

Yaada hayyuu kanaarraa kan hubatamu, kan afaaniinis ta'e barreeffamaan yaada barbaadan karaa miidhagina qabuun jechuun jechoota filatamootti fayyadamuun kan ittiin ergaa dabarfatan ogbarruu jedhamuu isaati yaada jedhu kan of keessaa qabuudha.

## 2.4 Faayidaa Ogbarruu

Ogbarruun faayidaa hedduu hagana hinjedhamne qaba. Faayidaawwan isaa keessa muraasa yoo kaafne Odeeffannoo adda addaa, beekumsa, gaammachuu, gaddaafi jaalala kan of keessatti hammatudha .Yaada kana Fedhasaa(2013:29) yoo ibsu , "Og barruun faayidaa adda addaa dhala namaatiif kenna. Kanneen keessaa muraasni sammuu gabbisuu, bashannansiisuu, eenyummaa hubachiisuufi barsiisuudha," jedha. hayyuu kanaarraa wanti hubatamu ogbarruun

hunda galeessa hojii dhala namaa mara  kan of  keessatti qabatu ta'uu isaati. Dabalataanis waa'ee namaan kan wal qabate hunda keessa galee tajaajiluu  danda'uu og barruu  kan mul'isudha.

Kana malees faayidaan og-barruu waan hedduudha afaan aadaa, duudhaa, safuu barsiisuu. Akkasuma sammuu dammaqsuu, hamaa balaalleffachiisuu, tooftaa garaagaraa, miira ibsachuu, waantoota gaarii jajjabeessuufi waan kana fakkaatan jechuun nidanda'ama.

## 2.5 Gosoota Ogbarruu

Akkaata dhiyaannaasa irratti hundaa'uun ogbarruu bakka gurguddaa lamatti qoodamu. Isaanis ogbarruu barreeffamaa(written literature)fi Ogbarruu afaanii/ogafaan(oral literature)dha.

Garaagarummaan jeraa Ogbarruu barreeffamaa kan sammuu nama barreessuu keessatti uumamanii/kalaqamanii,gara barreeffamaatti jijjjiramaniidha.  Qabeenyummaan isaas kan nama barreesseti. Ogbarruu afaanii/ogafaan immoo kan afaaniin dhalootarraa garadhalootatti darbuudha. Qabeenyummaan isaas kan waloo/hawaasaati malee,kan nama dhuunfa miti ( Fedhesaa, 2019:28).

## 2.6 Gosoota Ogbarruu Barreeffamaa

Ogbarruun galmee jiruufi jireenyaa ilmoo namaa kan namoota hubannoo, beekumsa, muuxannoo fi sadarkaa adda addaa qabaniiti.Kana jechuun ogbarruun waan hawaasni, namni dhuunfaa, jiruu jireenya keessaatti dabarsan kan galmeessuun deebisee dhalootaaf mul'isu ta'uu isaa agarsiisa. kana malees jedhu Asafaan (2009:20) "Battuu aadaa ummata tokkootis jedhu" kana jechuunis waan hawaasni aadaa godhatee qabus dhaloota dhalootatti dabarsuu isaa kan mul'isuudha. Kana malees yaada ilaalchisee Birhanun, (2009:9) yoo ibsu, "Ogbaarruun barreeffamaa kunis gosoota gurguddoo afuritti qoodama. Isaanis: Walaloo, dowii/barreeffama diraama, asoosamafi al-asoosama jedhamu. Kanneen jalqabaa sadan ogbarruu argaa yaadaan kalaqaman jalatti ramadamu. Alasoosamni barreeffamoota dhugaa himaniifi murtoo ibsan ofjalatti hammatu," jedha

Yaada kana immoo Fedhesaan, (2019:93)  nimorma kanaafis sababa yookaa'u akkas jedha, ogbarruuniif barreeffamni kaan garaagarummaa hedduu qabu kanaafis yaada armaan gadii dhiyeessa. "Aartiin miidhaginaa keessatti mul'atus isaan kun kalaqa ta'uu waan dandahan natti

hinfakkatu. sababiinsaa, dhugaa kallattiin gabaasu taanaan hammam yaada dubbisaa hawwachuuf yoo miidhaganillee ogbarruu tahuu hindandahan," jedha.

Kanaafis jedha fedhesaan bakka gadiitti qoodama isaanis walaloo, asoosamafi diraamaadha. Qorannoon kunis kan adeemsifame gosoota ogbarruu keessa asoosama irratti kan xiyyeeffateedha.

## 2.7 Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni argaa yaada barreessaan kalaqamee suura jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha. Mudannoofi muuxannoo hawaasni tokko haala jiruufi jireenyaa keessatti muuxatu mul'isuuf, sammuu barreessaa keessaatti kalaqamee waraqaa irratti mul'ata. (Isuma )

Kanaaf gabaaba dhumatti asoosama jechuun gosoota ogbarruu jiran keessa tokko ta'ee, bifa hololootiin kan dhiyaatudha, jechuun ga'aa ta'a.

## 2.8 Faayidaa Asoosama

Asoosamni haalota/gochaawwan hawaasa keessatti mul'atan, gara fuulduraattif mul'achuuf ta'an yookaan kaleessi hawaasa maal akka ture, har'isaa maal akka ta'aa jiru, fuulduratti maaltu akka ta'uuf deemu kan hubachiisuudha.

Kanas bifa qeequufi jajjabeessuun jechoota filatammotti fayyadamee dhiyeessa. Ogbarruun ogummaa afaanitti fayyadamuudhaan taaree dhugaa yookaan waan qabatamaa ta'e tokkorratti hundaa'uun kaalaqamu ta'uu eeruun dhugaa hawaasaa kan calaqqisiisu ta'uu ibsa. ( Malakaneen, 2009:106)

## 2.9 Gosoota Asoosamaa

Haala qabiyyee isaa irratti hundaa'uun hayyoonni garaagaraa bakka gurguddoo lamatti qoodu. Fakkeenyaaf Fedhesaan( 2019:94) akkas jedha "Haala bal'insaarraatti bu'uruun asoosama bakka lamatti qooduu dandeenya". Isaanis; asoosama dheeraafi asoosama gabaabaadha.

Kanaaf yaada kana irraas kan hubatamu egaa asoosamani gosa lama immis asoosama dheeraafi asoosama gabaabaadha. Isaanis maal akka fakkaatu akka armaan gadiitti ilaalla.

### 2.9.1 Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan hojii kalaqaa ta'ee, kan seenaa tokko jalqabaa kaasee hanga xumuraatti, bifa hololootiin/seenessuutiin dhiyeessudha." Asoosamni dheeraan gosa ogbarruu ta'ee seeneffama dheeraa sammuu barreessitootaatiin kalaqameefi bifa hololootiin dhiyaatudha. Asoosamni dheeraan yoomessa bal'aa qaba. Taatee bakkaafi yeroo dheeraa fudhatu seenessa. Jaargocha bal'aafi xaxamaa qaba (Isuma).

Kanaaf asoosamni dheeraan barreessuufis ta'ee dubbisuuf yeroo dheera kan barbaaddu/ fudhatuudha.

### 2.9.2 Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaaban immoo akkuma asoosama dheeraa hojii kalaqaa ta'ee,kan taate iddoo/yeroo tokkoo bifa hololootiin seenessuudha. Asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa hanga daqiiqaa soddomaa keessatti dubbifamuu danda'uufi jechoota kuma kudhanii ol hintaaneen kan kalaqamuudha ( Robert, 2000).

Kanaaf kun immoo faallaa asoosama dheeraa barreessuufis ta'ee dubbisuuf yeroo gabaabaa fudhata. Yookaanis immoo faallaa asoosama dheeraati jechuun nidanda'ama.

### 2.10 Ruqiilee Asoosama

Caacculeen asoosama bu'uura asoosamni tokko irraa ijaaramuudha. Kunis bareedina asoosamichaafi hawwattummaa isaa kan miidhagsuudha.

Seenaan asoosama tokkoo ruqiilee adda addaa torbarraa ijaarama. Isaanis; Namfakkii(character), jaargocha(plot), yoomessa(setting), akkaataa, waldiddaa(conflict), ija seenessa fi ergaa (theme)dha ( Isuma, :94).

### 2.11 Maalummaa Jaargochaa

Jaargochi Caacculee asoosama keessa isa tokkodha. Jaargochi haala seenaan asoosama tokkoo sababaafi bu'aan walqabatee tooraan ijaaramu,ijaarsa gochaati. Askeessatti, sababni waan tokkoo jiraachuufi gocha sanarraas bu'aan argamuusaatu mul'ata ( Isuma,94).

Jaargochi asoosama dheeraa gaadii keessatti walduraa duubaan dhufan sababaaf bu'aan seenaa asoosamicha keessa jiranu kan ittiin dhiyaatanuudha.

Kana malees jaargochi haala gochoonniifi taateewwwan seenaa keessatti raawwatan jalqabaa hamma dhumaatti walitti hirkatanii fulla'aniifi daandii Waldiddaan namfakkiilee irra qaari' uun galma ga'u jechuun nidanda'ama.

## 2.12 Caasaalee Jaargochaa

Jaargochoonni ogbarruu tokko, gulantaalee adda addaa irratti jijjiirama taateewwanii mul'isa. Jaargochi haala gochoonniif taateewwwan seenaa keessatti raawwatan jalqabaa hamma dhumaatti walitti hirkatanii fulla'aniifi daandii Waldiddaan namfakkiilee irra qaari'uun galma jechuun nidanda'ama.

Gulantaaleen kunis caasaa jaargochaati. Kana hayyoonni garaagaraa bakka garaagaraatti qoodu isaanis gariin shanitti, gariin immoo jahatti, gariin immoo torbatti qoodu jedha. Kunis kanneen akka, Saaxila/Ka'umsa/ tuqata, olka'insa/finiina, bantmiira, sigigoo/ gadibu'iinsafi furmaata/ xumuradha. Isaan kunneenis akka armaan gaditti ilaalla.

### 2.12.1 Saaxila/Tuqata

Bakka namfakkiileen gochoota asoosamaa raawwachuuf itti saaxilaman. Utubaan jaargochaa asitti hundeeffama; Seenduubeen seenaa asoosamichaas saaxila keessaatti jalqaba. Seenaan bakka kanatti hayyu- dureen walitti hidhata, yoomessa gochi asoosamichaa keessatti hundaa'etu akeekama.

Tuqatni gaocha saaxila keessatti bu'uureffame jijjiiruuf bakka waldiddaan namfakkiilee gidduutti sochoo'uu jalqabudha.

### 2.12.2 Olka'insa/Finiina

Bakki kun immoo bakka Waldiddaan tuqatame gara fuulduraatti akka deemuuf bakkaa gochoonni itti walxaxaa deemaniidha.

Waldiddaan ittimaa hundee jabeeffachuun walfalmii hatattamaatu taasifama. Qalbii dubbitootaas waan qabee waan gadhiisu dhaba. Gochaa gara fuulduratti ta'u baruuf ciniinsuu

eegala. Namfakkiilee sana keessaa nama deggaru (hayyu-duree) wajjin yaadaan siqiiqamaa ariitiidhan dubbisa. Kanaafuu, naannoon kun akka yaada dubbistootaa haawwatutti mijeeffamuun kalaqamuu qaba (Misgaanuu, 2012).

### 2.12.3 Bantimiir

Bakki kun immoo bakka itti Waldiddaan olaanaafi gaddisiisaan raawwatamee, humnoota walfalman lamaan keessaa tokko isa birrorratti ol aantummaa xumuraa argatudha.

Milkaa'ummaa hayyu duree xumuraaf yaadonni nama dhiphisan bakka kanatti bantii qaqqabu. Walitti bu'insi jirus askeessatti gocha nama gaddisiisuun guutamee dhangala'a.

### 2.12.4 Sigigoo

Bakka itti Waldiddaan bantimiir irra gahe gad bu'aa itti deemuudha. Sigigoon gochoota bantimiirratti anaanii dhufan ofkeessatti qabata. Xiyyeeffannoon isaa immoo yaada gara furmaataatti luuccessuuf saffisuudha ( Fedhesaa, 2019).

Kana jechuun immoo waldiddaan yookaan walitti bu'iinsi/ dubbiin ijoo asooaamicha keessa jiru, bakka ijoorra /jabaarra ga'uun, gara gadi bu'iinsaatti yookaan furmaata argachuutti deemuudha.

### 2.12.5 Furmaata

Gochoonni saaxila irraa ka'anii guddachaa deemanii, gad-bu'aa deeman hunduu bakka itti xumuramu yookaan furmaata itti argatuudha. "Gochi saaxilaa kaasee amma bantimiiritti walxaxaa dhufe sigigoo keessa darbee bakka kanatti hiikama. Seenaan xumuramu karaa lamaan raawwachuu danda'a. Isaanis; gammachiisaa yookaan gaddisiisaadha..." Asoosamni tokkos yeroo barreeffamu jaargochi isaa tooftaa garagaraatti fayyadamee akkataa yookaan mala isatti( barreessatti) toleen seenessuu danda'a.

Kunis akkaataa hawwattummaa isaan, duraaduuba taatee seenaanfi waan kana fakkaatu ta'uu danda'a. "Barreessaan asoosama tokkoo karaa sadii jaargocha eegaluu danda'a. Isaanis; Gudduu, jalqabaafi xumura, Xumura, gidduufi jalqaba, yookaan immoo jalqaba, gidduufi xumura" ( Isuma: 97).

## 2.13 SAKATTA'A QORANNOO WALFAKKII

Mata duree kana jelatti qorannoowwan Kanaan dura geggeeffaman kan mata duree qorannoo Kanaan walfakkatan yookaan walitti dhufeenya qabantu sakatta’amee ilaalama. Haaluma Kanaan qorannoon qorannoo Kanaawajjin walitti dhufeenya qaban walfakkeenyaafi garaagarummaa isaan qorannoo kanaa wajjin qaban wal simsiisifamanii akka kanaa gadiitti dhiyaatu; qorannoowwan mata duree kanaan kallattiin walfakkaatan hanga qorataan kun sakatta'etti hedduun hinjiranu. Haata'u malee hammuma tokko walitti siqeenya kan qabantu sakatta'ame

Barruun walfakkii yookaan qorannoowwan kunneen haala walduraa duuba itti siqeenya isaaniitiin kan dhiyaatudha

Waraqaan qorannoo, kan qorannoo kanaan walfakkaatu inni duraa qorannoo Na'iimaa Aliyyiitiin bara 2017A.L.A tti mata duree Xiinxala Haala itti fayyadama mala barreessuu Asoosama Ichimaa jedhuudha. Qorannoon kunis boqonnaa afuritti qoodame kan dhiyaateedha. Boqonnaa tokko keessatti seensa qorannichaa yoo kaasu, boqonnaa lama keessatti immoo Sakatta'a barruu qabatee kan jiruudha. Boqonnaan sadii immoo xiinxala ragaaleeti, boqonnaan afur immoo Cuunfaafi yaada furmaataa qabatee kan dhiyaateedha.

Qorannoowwan kanas wanti walfakkeessu haala asoosamni tokko jaargocha isaa itti ijaaru irratti geggeefamuu isaati. Garuummoo qorannoon kun garaagarummaa hedduu qabu qorannoon Na'iimaa kun boqonnaa afuritti qoodame dhiyaate. Kana keessattis argannoo isaa hinkeenye, mala barreessuu isaa akkasi jedhee kaa'e malee ciminaafi hawwattummaa isaa lafa hinkeenye.

Waraqaan qorannoo inni lammaffaan kan mata duree kanaan walfakkaatu Addunyaa Gabbisaan bara 2011 A.L.A Xiinxala Ergaafi waldhabbii Asoosamaa Imaanaa Imaltuu jedhuudha. Qorannoon kun boqonnaa afuritti qoodame kan dhiyaateedha. Boqonnaan tokko seensa qorannichati, boqonnaan lama keessatti immoo Sakatta'a barruu kan qabuudha. Boqonnaan sadii xiinxala ragaalee kan qabuudha, qoqonnaan afur immoo Cuunfaa argannoofi yaada furmaataa qabatee kan jiruudha.

Qorannoo kanas wanti walfakkeessu hojii kalaqaa irratti hojjetamuu isaati. Hojii kalaqaa keessaas asoosama irratti kan hojjietameedha. Haa ta'uu malee garaagarummaas qabu, bara itti

hojjetame, kunis asoosama mata duree garaagaraa, akkasumas inni sun ergaafi waldhabbii gaafa ta'u inni kun immoo jaargocha asoosamaa irratti kan geggeefameedha.

Qorannoon biraan Sakatta'ame kan mata duree Xiinxala Ergaafi waldhabbii Asoosamaa Burreen Bifa tokko miti jedhu, irratti Abbaayituu Dirribaan bara 2016 A.L.A tti hojjietameedha. Qorannoon kun boqonnaa afuritti qoodame dhiyaate. Boqonnaa tokko keessatti seensa qorannichaan kan eegaleedha. Boqonnaa lama keessatti immoo Sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkii kan qabuudha. Boqonnaan sadii keessatti immo Xiinxala ragaaleeti. Boqonnaan afur immoo cuunfaafi yaada furmaataa kan ofkeessaatti haammatee dhiyaateedha.

Qorannoon kunis akkuma qorannoo armaan olitti Sakatta'amanii tokkummaafi garaagarummaa niqabu. Qorannoo kanaan tokkummaan isaanii Asoosama irratti hojjetamuu isaa yoo ta'u garaagarummaan isaa immoo asoosamoota mata duree garaagaraafi caacculee asoosamaa garaagaraa irratti hojjetamuu isaati, akkasumallee barri inni itti hojjetame garaagarummaa qaba, akkasuma qorannoo kan argannoon isaa ka'amee hinjiru.

# BOQONNAA SADII: MALAAWWAN QORANNICHAA

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxaan qorannoo, qorataan qorannoo tokkoo, eessa ka'ee eessa akka jiruufi garamitti gorannicha akka geessu kan murteessuudha. Saxaxaa qorannoo ilaalchisuun Addunyaan (2019:63) yoo ibsu, " saxaxaan qorannoo waliigala qorannichaa to'ata. Qorannichi maal fakkaata ? Maalirraatti bu'uure? gaaffiiwwan jedhan mataduree kana jelatti deebii argachuu qabu."jechuun ibsa.

Ammas yaada Cohen, Manion and Morrison (2005:73) Addunyaa irra deebi'uun yoo ibsu, " Research design is governed by the notion of fitness for purpose. The purposes of the research determine the methodology and design of the research "jedha.

Yaada kana irraas kan hubachuun danda'amu qorannoo tokko haala/ akkaata ibsuurratti xiyyeeffata yoo ta'e, saxaxaan isaa ibsaadha. Kan ibsamus odeeffaannoo akkamtaarratti yoo hundaa'e, saxaxni isaa ibsaa akkamtaa ta'a.

Qorannoo tokko odeeffaannoo funaanuun dirqama ta'a. Yaada kanas Addunyaa ( (2019:64) yoo ibsu, "Qorannoo tokko geggeessuuf odeeffaannoon funaanamuu qaba. Odeeffannoon kun ammoo, meeshaalee ittiin funaanaman murteessu. Odeeffaannoon lakkoofsaan ibsamaniifi jechaan ibsaman meeshaan isaan ittiin funaanaman garaagara. Meeshaaleen funaansa odeeffannoo akkamtaafi odeeffaannoo hammamtaa adda adda ta'uu danda'u jechuudha" jedha.

Kana malees Fileen (2019: 110) yoo ibsu, "Malleen qaaccessa ragaalee jiran keessaa malli akkamtaa daraan irratti kan xiyyeeffatu odeeffannoo argame jechootaan, gaaleen, ciroondhaan, himeeniin yookaan mallattoolee adda addaafi xiyyeeffannoo kennuun ibsuudha "jechuun ibsa.

Anis kanuma bu'uura godhachuun, Kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon/bu'uuraa, jaargocha asoosama dheeraa Gaadii xiinxaluudha. Qorannoo kana galmaan ga'uufis akaakuu qorannoo akkamtaattin ( qualitative research) qorataan kan dhimma ba'eedha

### 3.2 Madda Ragaalee

Dhimma maddeen ragaalee ilaalchisuun Fileen (2019:62) yoo ibsu," adeemsa qorannoo keessatti maddeen agaalee ijoo tahan lamatu jiru. Mataduree qorannoo tokkoofis maddeen ragaalee kanneen keessaa filachuudhaaf murteessaan Ka'umsa qorannoo, gaaffileen bu'uuraafi kaayyolee qorannoo, akkasumas, malleen qaaccessa ragaaleeti. Maddeen ragaalee qorannoo kunniinis madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa jechuudha" jechuun ibsa.

Ammas itti dabaluun waa'ee madda ragaa tokkoffaa yoo ibsu, " Maddi ragaa tokkoffaan odeeffaannoo odeefhimtoota irraa kallattiidhaan tooftaa ittiin walitti qabamanidha."jechuun ibsa kenna.kana malees yaada Krishnaswamifi Rangamatham irra yaada isaani fudhachuun yoo ibsu, " maddi odeeffaannoo 1ffaa iddoowwan filaman keessaa kallattiidhaan dirree qorannootti dhiyaachuudhaan maddeen filataman irraa yaadannoo qabachuu, waraabbii suursagaleefi sagalee waraabuudhaan odeeffaannoo walitti qabachuudha" jechuun ibsa

Qorataanis kanuma bu'uura godhachuun qorannoo kana yeroo adeemsisu, kitaabuma sana kallattiin dubbisee yaadannoo qabachaa waan deemeef maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaa yoo ta'u, innis  ragaa dookumentiiti. Ragaan Kunis Kitaaba asoosamaa dheeraa mata dureen isaa Gaadii jedhamuudha.

### 3.3 Mala Iddattoofi Iddatteessuu

Mlli Iddatteessuufi Iddattoo qorannoo keessatti murteessaadha, kunis dhimma qorannoo sana ilaallatu qofa irratti xiyyeeffachuuf, waa'ee dhimma sanaa odeeffannoo ga'aa kennuufi waan kana fakkaataniif barbaachisa.

Yaada kana irratti hayyuun Filee (2019:66) yoo ibsu, " iddattoo jechuun tuuta qorannoon irratti geggeefamu keessaa wantoota yookaan namoota ragaa Kennuu danda'an yookaan ragaaleen irraa argamu filachuu jechuudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseefis yeroo, maallaqaafi humna qorattoota qusachuufidha" jechuun ibsa itti kenna. Iddattoo kunis Bakkeewwa garaagara lamatti qoodama. Innis Iddattoo carraafi alcarraadha. Iddattoo carraan tooftaa garaagaraatti fayyadamuun odeefkennitoota addaan baafachuudha. Yaada kanas Dr. Fileen (2019:67) yoo ibsu, " tooftaan Iddattoo carraa kana keessatti jamaa jiran keessaa tooftaalee adda addaa itti fayyadamuudhaan oduu himtoota filachuu jechuudha." Kana irra kan hubatamu namoota maddi

ragaa irraa fuudhamu ulaagaan / beekumsaan osoo hintaane toofta hundu carra hirmaachuu walqixa qabuudha.

Iddattoo mit-caraan immoo faalla iddata carraa ta'ee kan ulaagaadhaan adda baasuudha. Kana irrattis Filee (2019:68) yoo ibsu, "gosa Iddattoo kana keessatti odeefhimtoonni kan filataman misewnsummaa hawaasa sana keessa jiran qofaan yookaan carraadhaan osoo hintaane beekumsa sirna tokkoo, raawwii taateewwwan adda addaa keessatti gahee yookaan miti qabaniin, hirmaattota gaaban- galeeyyii yookaan birqaboo sochii aartiifi duudhaalee adda addaa keessatti akkaataa gahee qabaniinidha" Jechuun ibsa.

Walumaa galatti yaada kanarraa kan hubatamu malli Iddattoo alcarraan ulagaadhan kan odeefhimtoota adda baasu ta'uu isaati. Kunis immoo dameewwan adda addaa ofjelaa qaba. Isaanis akkayyoo, darbaa dabarsaafi ammargee jedhama. (Filee 2019;68-70)

Anis waantota armaan olitti eeraman kanneen bu'uura godhachuun akka armaan gadii kanatti mala Iddattoofi Iddatteessuu qorannoo kanaa qoodeera.

### 3.3.1 Mala Iddattoo

Malli iddattoo qorannoo kanaa ulagaaleen armaan olitti eerame irratti hundaa'ee kan fudhatameedha. Malli Iddattoo qorannoo kanaa kitaabota jiran keessaa kitaaba asoosamaa irratti kan xiyyeeffateedha.

Asoosama keessaas Asoosama afaan oromoo gaadii irratti. ruqiilee asoosamaa keessaas jaargocha isaa irrratti kan xiyyeeffateedha.

### 3.3.2 Mala Iddatteessuu

Malli Iddatteessuu akkuma olitti tuqame yoo ta'u, qorannoon kunis ulaagaa sana irratti hundaa'uun mara iddattoo al/mit-carraatti kan dhimma ba'ameedha. Akkuma olitti tuqames malli iddattoo al/mit-carraan akkaataa odeefkennitootaan bakka garaagaraa sadiitti qoodamuusa ilalleerra. Anis isa irratti hundaa'uun achi keessa iddatteessu mit-carraa keessaa akkayyootti kanin dhimma ba'eedha. Sababni isaa akkayyoon akka Addunyaa, (2019:67) yoo ibsu, "akaakuun Iddatteessuu mit-carraa kun qorataan tokko beekumsa fhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'a murteessu ilaallata." Jechuun ibsa.

Kanumarratti hundaa'uun malli Iddatteessuu qorataan kun itti dhimma ba'e mala iddatteessuu mit-carraa yookaan al-carraa keessaa mala akkayyootti kan fayyadameedha.

## 3.4 Mala Funaansaafi Qaaccessa Ragaalee

Yaada kana irraatti Addunyaan, (2019:71) yoo ibsu, "Qaaccessa odeeffaannoo akkamtaa keessatti odeeffanicha qopheeffachuun, irra defdeebi'anii dubbisuun keessaa isaa baruu, qoqqoduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorataan tokko hordofuu qabu keessaa warra muraasa......dimshaashumatti, odeeffaannoon akkamtaa daawwannaa, afgaaffii hincaaseffamne, xiinxala dookumentii, marii garee xiyyeeffannootiin funaanama. Odeeffannoon kunis, jechaan ibsama. Haala tokkoo gadi fageenyaan ibsuu keessattis ga'ee guddaa qaba. Kanaafuu, jechi qorataan tokko itti gargaaramuun ibsuufi hiiku xiyyeeffannoo argachuu qaba,"jechuun ibsa.

Galma ga’iinsa qorannoo tokkootiif meeshaalee ragaan ittiin funaanaman garaagaraa fayyadamuun amanamummaa oddeeffannoo tokkoo cimsuuf akka ta’u nibeekama. Qorannoo kana keessatti meeshaan funaansa ragaatiif wanti dhimmi itti bahamee ragaan sassaabame, sakatta'a dookumentiiti. Dookumentiin kunis asoosama dheeraa Gaadii gadi fageenyaan irra deddebi'uun dubbisuun jaargochi isaa kan xiinxalameedha

Kanaaf qorannoo kana geggeessuu keessatti odeeffannoo/ragaaleen akkuma funaanamu, odeeffannoo/ragaalee hiikuunis haala gaariidhaan geggeefamuun akkuma olitti ibsame barbaachisaadha. Kanaafuu, mala qaaccessa ragaa gorataa kanaa, ragaalee kitaabicha keessaa funaanaman gadi fageenyaan hiikuun, addeessuun kan geggeeffame/ hojiirra kan ooleedha

# BOQONNAA AFUR፡ XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE

**Seenaa kitaabichaa yookaan Asoosamaa Gaadii Gabaabinaan**

Kitaabni kun barreessaa maqaan isaa BEENYAA DHAABAA HORDOFAA jedhamuun barreeffame. Gulaalaan isaa immoo barreessaafi barsiisaa afaanii Kan ta'e Beekan Gulummaa Irranaati. Yaada kennitoonni immoo Gulaalaadhuma kitaabichaa kan ta'e Beekaniifi Tafarii Nugusee Xaafaa nama jedhamuudha. Kitaabni kun (Gaadiin) Maxxansi duraa 2006/2014 Kan maxxanfame yemmuu ta'u maxxansi lammaffaan immoo bara 2009/2017 irra deebiin maxxanfame. Manni maxansaa inni itti maxxaanfame, mana maxxansaa Yewubdar jedhamu Adaamaatti. Kitaabni kun fuula 152 kanqabu yemmuu ta'u seenaan isaa immoo kutaawwan gurguddaa afur(4)tti qoodame kan dhiyaatedha yookaan kutaa afur kan ofkeessaa qabuudha.

## 4.1. CAACCULEE JAARGOCHAA, ASOOSAMA DHEERAA GAADII KEESSATTI

Asoosamni dheeraa Gaadii caacculee asoosamaa kan akka saaxilaa/ Ka'umsa, tuqataa, olka'insa, finiinaa, banti miiraa, sigigoo/ gadi-bu'insafi furmaata kan jedhaman hunda of keessatti hammatee dhiyaateera.

### 4.1.1. Saaxila/ Ka'umsa

Bakka kanatti qooddataan jalqaba waa'ee oromummaa isaan aadaa oromoo hawaasa Bal'aan of ibsuu eegale. Seenessaan seenichaas maqaa isaa dhoksuun kan of ibsuu eegaleefi haalaa jiruuf jireenya maatii isaa kan ibseedha. Oromoo waan tokko yeroo jalqabuufi kan jalqabe yeroo xumuru Wal eebbisa, uumaa isaa nii kadhata, akka milkaa'uuf, waliin dhaabbata, yoo milkaa'ees niigalateeffata ( Fuula 5, keeyyata 1).

Mana keenyatti ergan ija Koo saaqqadhee eegalee bunni nii danfa hanga har'atti bunni danfee yeroo jabanaan dhiyaatu isheen buustu lafaati ol fuutee "Qaawwa jabaa"jetti. Ittuma fufee waa'ee haala jireenya maatii isaa erga ibsee booda ammas qooddataa faallaa haala jireenya barsiifata maatii Isaan ala tahan ibsuu itti fufe. Abbaan seenessaa seenichaa Fiqaaduu wajjin walmufannaa eegalan. :Maaddiitti dhihaanaan "Baarkoo"n hin hafu. Kana hundi keenyaa nii beekna. Hanga abbaan Koo haadha koof"Baarkoo" kennutti namni nyaata eegalu hin jiru ( Fuula 7, keeyyata 1).

Guyyaa kana garuu qeesichi abbaa Koo dursee buddena kutee haadha koof"Baarkoo hiixaxee kan hin qaanofne nama qaanessa" jedhu mitiiree. Abbaan koos Isa barsiise hin dhiisee"Keessummaan qaanii hin beekne haadha manaaf Baarkoo kenniti" jedhee abbaan Koo mammaakuusaa nan yaadadha. Duruu durii guyaa kanaa eegalee jaalalli abbaa koofi namticha qeesii fidee dhufee kan Fiqaaduu caalaatti boora'e akkamiin Keessummaan ani mana Kee fidee qaannessita jedhe. Haaluma Keeyyata olii kana irraa hubannuun;- Sababni qeesiin abbaa manichaa dura "Baarkoo" hadha warraa sanaa abbaa manichaa dursee laachuuf yoo jedhu abbaan manichaa Keessummaan qaanii hin beekne hadha manaaf Baarkoo kenniti jechuun walitti mufannaan eegale.

### 4.1.2 Tuqataa

Taateen kunis tuqata dubbii keessatti akka kitaabichaatti yoo ilaalame Fiqaaduun qeesii waliin hidhata guddaa waan qabuufi ayyana hundarratti niwaamama. Guyyaa kanas qeesichi achi ture. Anis abbaa Koo waliin achan ture. Abbaan manaas qeessichatti sagaantaa naaf banaa jedhe. Innis bishaan (joogiin) guutuutti erga kadhatee booda fannootiin namoota Mana Sana keessa jiranitti dabareen( Basmam walde maanfas quddus) jechaa facaasuu egale.

Yeroo bakka keenyaa gahuuf abbaan Koo natti hin facaasuu jedhee, seexanni irra jira jedhee irra deddeebi'ee itti facaase. Abbaan koos aaree "joogii" Sana irraa fuudhee bishaanicha mataa qeesiitti garagalche.

"Maabarri " addaan bittinfame. Fiqaaduun ulee fudhate abbaa Koo rukutuuf yaale, namni addaan dhowwa, qeesiinis heedduu dubbatu akkas jedhee lallabe"Yoo Innis maatiinsaas dhukubsatan Mana yaalaa hin geessinaa, yoonamni du'e hin awwaalinaa, yoo cidha qabaatu hin dhaqinaa, bakka awwalchaas hin argatu"jedhe (Fuula,7-8).

Kana irratti sababni qeessichi bishaan namoota ayyaana kabajuuf Mana guutanii jiran irratti"Basmaam Walde maanfas quddus" jechuun facaasuu eegaluudha abbaan mucaa seenessaa seenichaa" Bishaan joogii qeesicha harkaa fuudhuun mataa qeesichaatti galagalchuun tuqanni dubbii eegale"( Fuula 8).

### 4.1.3 Finiina

Waldiddaan tuqataan eegale ittuma fufuu jalqabe. Fiqaaduun nama kaaba oromiyaatti gale yoo ta'u, bulchaa gandaati. Namoonni hedduuniis nii sodaatu, mootummaa biratti amanamaafi nama amantaa mootummaarraa qabuudha. Abbaan mucaa seenessaa seenichaa mootummaa yeroo Sanaa garuu hin jaallatan, mootummichi mootummaa abbaa irree waan ta'eefiidha. Mootummaa Jara hin jaallatu, Fiqaaduunis ganda Sana keessatti mootummaa Isaan ol jiruu wajjin hidhata qabanii uummata naannoo Sanaa hiriirsuufi rakkisuu itti fufan. Kan Fiqaaduun rakkisaa ture keessaa tokko abbaa mucaa seenessaa seenichaafi mucicha mataa isaati. Abbaa koos bakka hin beekamnee fuudhanii deemuun amanii jechuun allayyaarra geessanii qawwee afaan isaatti galchanii hedduu kunaanessaa turan. Abbaa koos  yeroo hedduu ajjeesuuf, ajjeesisuuf, jedhanii yaaluun osoo hinmilka'iin hafan. Anis ,Fiqaaduu osoon jibbuu gumaa aabbaa Koo deebituuf yaadaan ture.Innis anaan hedduu najibbaa yeroo naa argus siif abbaa Kee Walirran isin naqa naan jedhee natti roorrisa. Yoon abbaa kootti himes walajjeesu jedheen callisa (Fuula,28: Keeyyata,3).

Yaada olii kanarraa kan hubannu Fiqaaduuf mootummaa biyyichaa "ABOO kanjibban ta'uufii maqaa abbaa soortuu isin ABOO "dha jechuun namoota gidirsuu itti fufan. kana keessaa abbaan mucaa seenessaa seenichaa Isa tokkoodha. Mucichis gidirsaa mootummaaf Fiqaaduun walta'uun abbaa isaanii namoota naannoo Sanaa irratti raawwatan ilaalanii karaa cunqursaa kana uummaticha irraa hambisan barbaachisaadha itti fufaa  (Fuula,29; Keeyyata,6).

Abbaa Koo osoo iji Koo arguu ajjeesuuf irra jedheen karaan irra baqadhu ilaalladhee"Maaliif sangoota ajjeeftaa, maal sigodhan?"" jedheen sagaleeshee Koo olkaasee reebichi sangoota keenyaa itti fufe. Yoo abbaan Koo akka tasaa qarreetti ba'e jedheen yaadda'e. Sababa dhukaasa qawwee Fiqaaduun ammas namoonni walitti yaa'an. Bu'aa kan ta'u immoo dubbiin caalaatti cimuu isaati. Sababa abbaan mucaa seenessaa seenichaa yeroo Sana achi waan hin turreef, dubbiin xiqqoo erga qabbanaa'ee dhufee dhaga'e.  Kanaanis aarii Fiqaaduun manaa ba'eefis Fiqaaduu akka ajjesuu qabu murteesse. Ergasii faana Fiqaaduu hordofan itti fufe. Seenessaan seenichaa shaambootti barachaa ture. Fiqaaduunis ganda dhaloota mucaa kanaa kan ta'e Bonee Abunaa irraa gara shaamboo akka deemee waan iyyyaafataniif mucichis faana isaa barbaacha shaamboo daqe. Magaalaa shaamboo keessa bakka heedduu waan beekuuf hiriyaa isaa kan ta'e Deebisaa waliin Wal arganii Fiqaaduu barbaacha itti fufaan ( Fuula 30).

Kanaas, kitaaba asoosama Dheeraa Gaadii keessaa akka armaan gadiitti fudhatame. Amma ganda keenyaa keessa waanan ga'eef yoo rakkinni jiraateef jedhee karaa Isa guddaa dhiisee akka hattuutti keessa deemuun eegale. Wanti barbaadee yoo uumamee tasgabbiin ejjennoo fudhachuuf takka dhaabadheen waadaa ofiif seene. Yoo du'a ta'es anaaf Fiqaaduun duunee maatii keenyaaf biyyi akka nagaa argachuu qabu. Garuu immoo diinni keenyaa inni guddaan Fiqaaduu haa ta'u malee kanneen Fiqaaduu fakkaatan hedduutu jira ( Fuula 67).

(Fuula,68);Yeroon Mana keenyaa bira ga'u haati Koo akka carraa Mana duubaan turtee yeroo naa agartu natti mararamtee boosse. Lubbuun naaf Deebitee jechaa nadhungattee boossi, anis waliin boo'uun eegale. Iji Koo lafa naaf arguu diddee, bakkuman jirutti ofirra gad taa'ee yaadeen waadaa dhumaatti ofiif seene. Bakkuman taa'uutti haayyoo Koo jilba ishee qabadhee itti boo'ee. Maaltaate olka'ii lafaa naan jettee,"Harmeen hin ka'u yooti waanan siin jedhu tole naan jettee" malee. Maaliidha maalin tole siin jedha ? Jettee boo'aa waan Yaanni Koo isheef gale fakkaata." Osoo guyyaa Fiqaaduun akka bosonuu natti dhukaasee Sana du'eera ta'ee yoona awalameera miti?"

" Isa Rabbi si hambiseera dhala Ko ". Amma waanan siin jedhu tole naan jedhi"" Maal inni nagaaffu naan jettee. Gagallis ga'ee abbaan koos dhufe,Anis yaada Koo hunda buusee baaseen mariisise. Abbaan Koo naan dinne tole naan jedhee qawwee bakka awwaalamee jiruu daqee fide . Rasaasaa waliin fidee ture.

Kan agarsiisu kana keessatti mormichi Fiqaaduu, maatii mucaa seenessaa seenichaafi mucicha gidduutti cimaa deemuu isaa kan agarsiisuudha. Mucichis bosona seenee Fiqaaduufi Fakkaattota isaa kuffisee kutuuf lubbuun isaarratti murtii keessa deebii hin qabne kenne. Fiqaaduuf hidhatoonni sadii abbaa mucaa seenessaa seenichaa qabuufi ulaa Mana isaaniitti qajeelan. Abbaan mucicha dhufanii mucichis dursee waan argeef akka qabate sanatti ajjeesuuf murteesse. Abbaa mucichaas itti marsanii Wal mormii guddaan uumame (Fuula,67-69).

Hidhattoota sadan Fiqaaduu waliin jiran keessas tokko dhukaasa bane. Namoonni sagaleeshee dhukaasaa dhaga'anii achitti walga'an. Mucichis immoo qawwee isaa nyaachifatee dhukaasuuf qophiirra jira. Yaanni kun Asoosamicha keessatti yoo ilaalamu Namni gamaaganaa yaa'ee achitti argamee yaadaan bakka lamatti hiramaniiru. Kaan "Fiqaaduun hidhamuu qabu inni maal godhee hidhaman baga dide" jedhu, (Fuula;71:Keeyyata,2).

Kaan immooo osoo deemee maal ta,a? Jedhanii guungumu. Abbaan koos hedduu dubbatu namoonni hundi waan godhan wallaalanii afaan qabatanii dhaabatu.

Of irra garagaleen namoota gamaa gamanatti ilaalee hunduu Amma Isaan ija isaanii duraa qaxxamuranitti ilaalaa jiru, abbaan Koo dura adeema,Fiqaaduun itti aanee, warri kaan boodaa, Fiqaaduun abbaa kootti daadhachaa adeema. Caalaatti dhiigni Koo nadanfe. Fiqaaduun ol utaalee kufe, afaan qawwee Koo Isa tokkotti naanneffadheen isas lafa buuse. "Namoonni achitti argamaniif Fiqaaduuf hidhattoota lmaan bahan gara mana yaalaatti guuramanii deeman. Hidhataan inni hafe osoo sodaatu dhiphachuu, ofirra mil'achaa abbaa Koo fuudhee deeme. Sababa walitti bu'iinsa keenyatti ta armaan oliirraa keessatti uumameen" Namoonni naannoo Sanaa boodaan maaltu uumama jedhanii hedduu dhiphachaa rukutuuf (Fuula :72:Keeyyata :4).

Abbaan mucaa seenessaa seenichaas mana hidhaatti darbatmeera. Diina isaa kan ta'e Fiqaaduufi Fakkaattota isaa of irraa qolachuuf caalaatti murteessera. Hadha isaa qofaatu manatti hafe. Mucicha waan hin arganneefis, hadha isaa namni tokko akka Mana hidhaa geessu itti kennanii warri kaan barbaacha mucichaa itti fufaan. Haati Koo akkan naannoo Sana jiru waan beektuuf akka yaadaa jirtu irraa dubbifama. Inni tokko haadha Koo ofitti waamee, anis iyyaffannoo Koo atattaman isan gaafachaa ture irraa gara Adda Isa waametti deebisee osoo inni harka isaa baasee hinrukutin dursuuf quba Koo millaachii keessa seensisee gototee irbaata isaa kennuufiif umurii sekoondiitu naa hafeera (Fuula;75)

Hidhataan haayyoo Koo fuudhi deemii jedhame achumatti itti roorrisuu eegale. Uffatan fudhadha jennaan heyyamuu illee dhiisee qullaa ishee akka sa,a oofee qajeelche. Ammas adeemee ittuma roorrisaa, anis hidhattoonni naannootii waan fagaataniif qawwee Isa tokko dhiisee ishee kan kootii hambifadhee bu'ee boqollo keessa ba'ee haayyoo Koo faa mataa marsee bakka qabadheen eege. Namtittiin hedduu itti roorristi. Haati koos" anaan Nan doorsisin " jette, " dorsiisuun salphaadha. Yeroo qaamni kee sirraa qunca,uu atuu bakka jiruu baasta" jechaa booda irra adeema. Yeroo inni akkas jedhu obsi Koo dhumee Adda satti qiyyaaffadhe. Garuu waraanni naannoo waanjiraniif sagaleeshee qawwee dhageenyaan dubbiin baduusaati.kanaaf, tooftaa biroon yaade namtittiin qawwee ishee gatiittii waan fannifattee jirtuuf yeroo itti dhukaaftuu waan hin qabanneef utaalee itti ba'een sochii tokko tokko osoo hin taasisin harka Kee olkaasii jedhe.

Naasuun bakka jirtu walaaltee harka ol kaastee ollachaa qawwee irra fuudhee (Fuula,76;); Haayoo kootti marameen boo'ee. Hayoonkoos nawaliin boosse dhaabbata email oollatti. Hayookootiin yoo asitti sure argan waan si ajjeesaniif shaamboo daqiiti harka kenni guyyaa rabbi jedhe Wal agarra jedheen walitti maramnee Adda baane. Namtittittis fudhadha bosona seenee, durakoo deemsisaa, garuu maal isin goone? Maalisinitti balleesinee? Biyya keenyaa gadhiifnee eessa deemna? Amma maal akkan sigodhan beektaa,? Sin ajjeesuuf,? Gogaa Kee sirraa bolqeen qullaa Kee sigadhiisa. Maaloo maaloo Isa dhumaatti dhiifama naaf godhi " oollachaa kkk" jedhee kolfa aarii itti kolfeen sadafii qawween duudda dhahee lafa buuse.

Lafa ciisee aaduu eegale. Waan inni abbaa koofi hadha Koo gochaa ture sammuu Koo keessa dhufanii rasaasaa itti naqi naan jedhan. Aarii Koo liqimsee abbaa Koo eessa geessitee? " Sa....saqalaa" Fiqaaduu faa'oo?" Warri kaan lamaan du,aniiru, Fiqaaduun garuu Mana yaalaa geeffame". Keessa Koo naboba'ee, waanan godhu wallaalee osoo akka yaada Koo ta'ee Fiqaaduu abbaa Koo fuuladuratti jaji'ee fannisuu ture. Fiqaaduun hin duune jechuudha" ammas irra deebi'een gaaffe, naa amani hinduune". Anaaf ati yoomiyyuu Wal amanuu hin dandeenyu, atis maatii koo ajjeesuuf malee kunuunsuuf hindhufne. Kanaaf siinis jiraachuu kee asumatti dhaabbachuu qaba. Ilkee tokko biyyarra buqqisuun salphaa miti. Boquu micciiree boolla waldiigessatti udumee bira darbe.

Amma qabsoon Fiqaaduufi Fakkaattota isaa idda isaanii ciruun biyyi akka nagaa argatu taasisuudha. Fiqaaduun utuu hin du'in hafuun isaa keessa Koo gubee nawaade.

Akka keenyattoota olii kanarraa hubatamutti, lolli hidhattoota mootummaa yeroo Sanaa aanga'oota mootummaa gandaafi maati mucichaa gidduutti lolli finiinee itti fufuutu mul'ata. Ammas gochoonni Waldiddaafi walmormii lolli gare lamaan gidduutti ittuma fufee jiru, garee Fiqaaduufi garee seenessaa seenichaa yookaan ABO jedhamanitti.

Gochaan dabalataas kan uumamee guyyaa walgayii ganda Bonee Abunaattidha. Hidhattoota shaniifi namoota walgayiicha geggessantu walgayii gaggeessa jira. Seenessaan seenichaa fi miiltoon isaa nama Sadi wajjin waltajjiichaafi naannoo waltajjiichi itti gaggeeffamutti wal walgahan. Bulchaan ganda Sanaa kan bakka Fiqaaduu bu'ee haasaa baniinsa taasisee, kessummaa guyyaa Sanaa afeeree taa'e.

Irratti Keessummichi afeerraa isaaf laatame galateeffatee haasaa eegale. Waan akkasii dhagahamees,argamees hin beekamu. Uummata jalaa waan dhokatee jiru hin jiru. kanneen diina kana dhoksitanii teessan isiniinis isarraa adda baasnee hin ilaallu. Abbaan hadha isaa asofsiisuuf yaaleen ture. Garuu Amma illee quufti isaanii irraa hin irranne, waan Mara hin beeknuudha deebiin isaanii, nu ajjeesaa malee waan beeknuu hin qabnu, eessa akka jirus hin beeknuu kan jedhuudha.Ani garuu of to,achuu hin dandeenye, keessi Koo namtitti utaalii qabadhu naan jedhe.ka,uuf haalan mijeeffadhe, miiltoon Koo qabee na teessisee, anisidurseen deemaa namtittiin kun galuuu hin qabdu ati nahordofii jedhee akka nama fincaa,uu ka,ee deeme. Anis daqiiqaa muraasa booda akka nama fincaa'uutti Isa hordofee ka'ee xiqqoo uummataarra fagaadheen osoon bosona hin seenin miiltoon Koo inni karaa dudduubaa jiru rasaasa tokkoon namticha Kessummaa lafa buuse ( Fuula,85).

Hidhattoonni achi turan osoo rasaasaa tokko hin dhukaasin naasuun bakka ta'aanitti hafan. Arfan keenyayyuu bakka jirruu sagalee ol kaasnee hidhattoonni akka meeshaa lafa ka'an ajaja dabarsine. Haala ajajamaniin hidhattoonni meeshaa isaanii bakka tokko naqan namoota bakka walgayii jiranis akka tasgabba'an, akka mooraa keessaa hinbaanes ajajaman (Fuula,86).

Hunduu waan ta'a jiru wallaalanii, miiltoon Koo inni karaa boodaa jiru mucaa naannoo waan ta'eef akka fuulli Isa hinmul'anne naxalaa ofitti mareera. Atattaman utaalee keessummaa isa du'ee bira dhaqee Sakatta'ee shugguxii makaaroovii keessaa fuudhee meeshaa hidhattootaas Walitti qabe. An immoo dabaree Koo osoon of hin dhoksin Yeroon gara uummatatti bahu hundi lafaa ka'anii harka walitti naaf rukutan. Miiltoliin Koo da'oo naaf kennanii jiru. Waan dhufu hin beekan jedhanii naannoo eegaa jiru.

Wadiddichi ammas cimaa deemuudhaan gareen mootummaaf Kanneen ABO jibbaniidha. Isaan ABO jedhanii uummata hedduu rakkisaa kan turaniifi duraan olaantummaa qaban mo'amuu isaaniidha. Walitti buu'iinsi mucaa seenessaa seenichaas warroota acuuccaa Fiqaaduufi Fakkaattota isaa dadhaban ofitti dabalaa dhufeera. Kan isaatti dabalame Keessaa tokko qeerransoodha (Fuula85-86).

Erga guyyaa kanaatti naannoon keenya nagaa hin arganne. Waraanni bakka Mara buufatanii hwaasa bahuuf galuu dhorkanii hiraarsa jiru kaan reebanii caccabsanii, kaan immoo hidhaatti guuranii hiraarsaa jiru. Guyyaa tokko waraana kudha Shan ta,aanii hulaa shullukkee eegu.

Hukasn shullukkee name haaraaf haa afuuti, nuyii warra achitti dhalannee guddanneefuu rakkisaadha. Hulaan kun bosona baay,ee walxaxaafi allayyaa cimaan waan marfamee jiruuf namni hulaa kana xiqqoo ishee gadi bu'ee bishaan garchiin ce'ee, guttinii qaxxaamuree naqamteen ba'uu danda'a (Fuula, 88).

Lolttoonnii haala mijaawwaa bakka kanaa waan beekaniif yoo toles achitti nuqabachuuf cimsanii nueegaa jiru. Hanga humna isaaniis erga qorannee booda ejjennoo irratti fudhachuuf barbaanneerra. Namoonni naannoo dabaree buufatanii Isaan waliin waan eegaa oolanii bulaniif akkaataa oolte bultee isaanii qorannee guyyaa ejjennoo fudhannus murteessine. Ergama kanas kan fiixaan baasuu danda'u abbaa miiltoon kooti. Erga hidhaatti hiikames baqateetu fira bira taa'a ture. Erga waanti kun naannoo keenyatti uumamee kaasee haala hiru hordofuun dhufeenimmoo dabalame (Fuula, 89).

Qeerransoon maqaa dhaloota isaa miti. Kutannoo tooftaa lolaa inni beekutu kennisiiseef malee, erga walitti dabalamnee kaasee tooftaa fin yaada inni fiduunkaraa fagoo deemaa jirra . Al-kkuma kanaan qeerransoo fi mucaan seenessaa seenichaas Lola waraana mootummaa naannoo Sanaa uummata goolu irratti tarkaanfii fudhate. Halkan walakka yeroo namni rafe waraana mooraa isaaniitti naqee haleeluu akka qabu murteesse.

Eessatti akka Wal agarruu dursinee Mari'annee jirra. Nama rakkinni mudateef immoo dursa kennineef birmannaa akka goonu walii gallee hundi keenyaa bakka bakka keenya qabanne. Amma Yeroon Torba ta'uuf daqiiqaa Shan hanquudha. si'a torba ta'u, hunduu jiruu kennameef raawachuu qaba. (Fuula,91). Dursa garuu kan eegamuu kan warra irratti bobba,eeti. Yoo kan saanii dursee rawwate malee balaa guddaa qaba . Sagalee qeerransoo faa kallatti lamaaniin eegnee hin jiru. Waan goonu wallaalee, obsa keenya fixannee nuyii ejjennoo fudhachuuf qophaa'u qeerransoon faa dhufan. Kilaashii dabalataa hidhannoo guutuu waliin tokko tokko baatanii dhufan (Fuula,92**).**

### 4.1.4. Batmiira

Fiqaaduun erga gaafa rukutameeti finfinneetti yaalamaa ture. Mucichis hordofuu hin dhiifne. Kan Adda durummaan maatii seenessaa seenichaafi namoota hedduu maqaa ABO gidirsaa ture Isa waan ta'eefiidha. Hadhaafi abbaan mucaa seenessaa seenichaa ammayyuu Mana hidhaa jiru. Hiriyaa mucichaa kan ta'e deebisaa bakka haadhaaf abbaan mucichaa itti hidhaman bira ga'eera.

Akka yaada kitaabichaatti ;Anaaf Deebisaan guyyaa guutuu osoo manaa hin ba,iin waan hundaa buufnee Mari'anne, Isa dabalatee dargaggoota sagal akkaqopheesse natti hime. Galgala hadha isaatiin na eebbisi jedhee jilbatti kufee boo'e. Haati isaas lafaa ol kaasanii waliin boo'anii "Deeemii mucaa kooammas duunerraa yoo rabbi jedhe guyyaa tokko walagarraa deemaa milka'aa" jedhanii eebbisanii nu gaggeessan. (Fuula,125:).

Nutis dargaggoota sagal dabalannee kudha tokko taanee halkan kaanee gara caatootti qeerransoofaa biraan baane. Yeroo achii geenyu qeerransoon fayyera. Qabsoon kilaashii tokkoo fi Nama tokkoon eegalamte Amma hundeeshee gadi fageeffachaa jirti. Kudha shanan keenya filannoo guutuu qabna. Yeroo inni haxxiffatu waardiyaan inni tokko dhaga'ee miiltoosaa waamee sagalee wayii dhaga'eera jedhee baatirii ibsanii meeshaa isaanii nyaachifatanii gara nuti jirutti qajeelan ( Fuula;128: Keeyyata;4).

Kanaanis waraana kana Deebisaa fi gartuun isaa rakkoo tokko malee mo,an, diina irrattis ijifannoo gonfatan. Amma haalli kun hundi raawwatamu Fiqaaduun hinjiru, finfinneetti yaalamaa ture. Kaayyoon seenessaa seenichaa fi gartuun isaa inni guddaan adda durummaan maatii isaa fi uummata isaa kan rakkise Fiqaaduu lubbuun qabee uummata inni hiraarsaa ture fuuladuratti rarraasuu fi maatii Mana hidhaatti gidirfama jiran mana hidhaatii baasisuu waan ta'eef injifannoon goolabuuf ammas barbaachisaadha Fiqaaduu Itti fufan. Saffisni isaan injifannoon goolabuuf godhan kunis Sigigoo jedhama.

### 4.1.5. Sigigoo

Gareen seenessaa seenichaa qooddataa ta'eefii of hinibsin kun akkasumas gareen isaanii humna hidhannoo guutuu qabuufi tooftaa riphee loltummaa qaban miseensota jaatama qabna maal gochuu akka qaban Walmari'atatanii garee gareen hojii isaanii irratti akka kanaa gadiitti babba'aan. Hojiinitti itti aanus hojii hedduu cimaafi wareegama hedduu kaffalchiisuu akka ta'e walii galle. Garuu hunduu onnee guutuun wareegama kaffalchiise haakaffalchiisu ergama keenya raawwachuu qabna jedhan. Yeroo ammaa humna hidhannoo guutuu qabuufi tooftaa riphee loltummaa gahaa qaban jaatama qabna. Humni kun immoo bakka gurguddaa afuritti qoodamuu qabu. Humni inni tokkoffaan anaan dursamu namoota shan yommuu ta'an Fiqaaduu boolla inni jiruu lubbuun qabnee fiduuf dirqama fudhanne.

Humni inni lammaffaan immoo qeerransoon dursamu namoota sagal yommuu ta,an haadha koof abbaa Koo garhiisisanii fidanii dhufuuf dirqama fudhatan. Humni inni sadaffaan Deebisaan dursamun namoota digdama yommuu ta,aan mana hidhaa rukutuuf dirqama yommuu fudhatan.

Humni arfaffaan Abdiin dursamuu immoo soddomii Shan ta'an hunda keenyaaf da'oo kennuuf sochii diina kamuu qolachuuf keessattuu bakka buufata waraana diina magaalaa Sana buufatee jirutti dhiiyaachuun akka dirmannaa tokko taasisan dirqama fudhatan. Yeroon itti dirqama kana rawwannu immoo erga namni Marti ciisee sa'aa sadeet mataa isheetti bakka sadanitti akka ta'uu qabu walii galle. Humni hunduu ergama isaaf Kenname odeeffannoo gahaafi eessaan seenee eessaan akka bahuu qabu waan beekuuf galgala keessaa naannoo sa'aa lamatti bosona caatootii gara shaambootti imala eegalle. Magaalaa shaamboo yeroo geenyu uummanni ishee akkuma duraatti dhimmoota garaagaraa fi oliif gadi jechaa oolanii balbala isaanii cufatanii rafaniiru. Akkuma achi geenyeen dirqama Deebisaaf Kenname Keessaa magaalattii waan beekuuf ibsaa magaalattii balleessuudha.

Akkuma achi geenyeen Deebisaan dirqama isaa Isa duraa rawwate. Amma ibsaan waan badeef jiinis waan hin jirreef walarguun rakkisaadha. Hundi keenya gara gara dirqama keenyatti sochoone. Yeroon halkan Keessaa sa,aa jaha waan ta'eef hanga sa'aa sadeetiitti hundi keenyaa bakka bakka keenya qabaachuuf Fiqaaduun Kan jiraatu naannoo buufata poolisiiti, dhimma nageenyaaf jecha akka meeshaa kilaashii qabus nanbeeka. Amma Kan nurakkisu yoo mana cufatanii rafaniiru ta'e haala kamiin mana seenee lubbuu qabnnee akka fudhanne deemnuudha. Yeroo naannoo mana isaanii geenyee haala naannoo ilaallu sinbirri hinjirtu, lafarra foqoqnnee gara mana Fiqaaduutti dhiyaanne. Yeroo achi geenyus ifti waan hinjirreef mana cufatanii rafaniiru. Suuta itti naanna'een balbalaafi foddaan cufamuu mirkaneesse.

Foddanis balballis haalaan cufameera. Sa,aa saddeet ta'uuf daqiiqaan lama yeroo hafu mana keessaa sochii wayii dhageenyee hedduu gammanne. Itti dhiyaanne haala isaa hordofnnee, amma saddeet ta'uuf daqiiqaa tokko qofaatu hafeera. Magaalattiin waan keessummeessuuf hin beekne keessummeessuuf. "Quruphee yaawaaq naa ajjeesi jettuufi qeerransa yaa waaq naa nyaachisi" jedhu Walitti fida. Akkuma jedhan Fiqaaduu maaltu akka raasee gadi Isa baase wallaalus meeshaa isaa qabatee karaa boroo manasaa balbala banatee gadi ba,e. Namni waliin ba'e hinturre. Akkuma meeshaa isaa qabateen fincaa'uuf balbala irraa achi siqe (Fuula,137: Keeyyata,2-4).

Akka tasaa miiltoo Koo tokko bira gahee fincaa'uu eegale" waaqa tole qaalluu hin dhaqan" jedhu miti. Miiltoon Koo utaalee sadafii qawween akka inni afuura hin baaafannetti afaan isaa cuqqaale ( Fuula;138: Keeyyata,2-4).

Waraanni magaalaa keessaa akkuma itti fufetti jira. Aabbaan Koo yeroo Fiqaaduu argu waan dubbatu wallaalee gammachuunis of wallaalee Fiqaaduun garuu amma illee of hinbarree baannee deemaa jirra ( Fuula,139:Keeyyata,4).

Akka keenyattoota armaan oliirraa kana irraa hubannoofi tooftaa cimaa, Mala cimaa fi humna cimaa qabanitti gargaaramanii maatii fi namoota hedduu Mana hidhaatti maqaaa ABO tiin gidirfamaa turan diinarkkaa baasan. Injifannoo kanaanis furmaatarra gahaanii moo, ichaan xumuran. Kanaas, Keeyyata armaan gadiirraa hubachuu dandeenya. Anaaf qeerransoon ergama keenya rakkoo tokko malee waan raawwanneef walitti mararamnee gaaffii tokko tokko walii dhiiheessine ( Fuula,139: Keeyyata,5).

Jaalleewwaan keenya warri baataman lamaan wareegamaniiru. Warri hirkifamanii dhufan immoo madaa'aaniiru. Hundi keenya hedduu gaddinee warra wareegame awwaallee, warra madaa'eef immoo namoota Ogummaa yaalaa qabaniin wallaansi yaala kennameef (Fuula,141: Keeyyata,2).

### 4.1.6. Furmaata

Ittuma fufee murtiin Fiqaaduu irratti raawwatames haaluma walii galleen miiltolee Koo afur waliin ta'uun Fiqaaduu fuunee halkan guutuu deemnee naannoo sa'aa kudhaniitti achi geenye. Naannoo Sana waraanni waan jirruuf akka sagalee hindhageesifneef Fiqaaduu afaansaa luugamneerra.Bakka namni hundi arguu danda, uutti akkasumas diinni argee gubatutti, firri qabanaa, uutti waajjira ganda keenyaa seenee odaa mooraa sana keessa fuuldura waajjira Sanaa jiru irratti lootii mukaa goonee fannisnnee biraa deebine ( Fuula,150: Keeyyata,3-4).

## 4.2. Haalaalee/Tooftaalee Asoosamni Gaadii Ittiin Dhiyaate

Barreessaan asoosama gaadii haaxaalee asoosamichi ittiin dhiyaatu keessaa, addeessuu, marii, raaguufi duubdeebiitti gargaaramuun jaargocha ibseera.

### 4.2.1.Addeessuu

Addeessuun tooftaa barreessaan bifa, dhaabbii, eenyummaafi naannoo qooddattoonni keessa jiraatanittiin ibsuudha. kanas barreessaan asoosama gaadii keessatti itti fayyadamuun jaargocha asoosamichaa ibsee jira.

"Obbo Bayyanaan wasiilakoo ta'uun nama dubbatee dhageessifatu, jaarsa surraa qabu yeroo mara naannoo jaatsummaatii hin dhabamne kan wallolan kan araarsu, bakka daangaan jallatetti kan sirreessaa ooluufi kabajamaa jaarsa biyyaati."……(Fuula, 12).

Waraabbii kanarraa kan hubannu, obbo Bayyanaan haalli inni ittiin addeeffame nama guddaa, jaarsa kabaja qabu, dubbatee haasaansaa kan dhaga'aamuufi haqaan kan hojjetu kabajamaa jechuun ibseera.

### 4.2.2.Marii

Mariin kan barreessaan dhimmoota ta'uuf malan adeemsa qooddattoonni ittiin waliin jiraatan dubbachuun kan ibsuudha. Kanas barreessaan asoosamichaa itti fayyadamuun jaargocha asoosamichaa ibsee jira."Hadduu aaree halkan deebi'ee dhufee bakka ciisnuu nu dammaqse. Namni callisaan weeraramee hundi keenya yaada yaada keenya waliin wallaansoo walqabaa jirra.Ajjeesee dhufe jennees waan dhufaa jiru sodaanne. Inni hin dubbatu nuti hin gaafannuu inni haariin nuti sodaan osoo galaana yaadaa keessa jirruu abbaankoo afaansaa saaqe.Kayi qophaayii shaamboo deemtaa naan jedhe.Maaliif hin jennee, toles hin jennee bakkan taa'uu ol ka'een dubbadhe……" ( Fuula, 50).

Waraabbii kanarraa kan hubannu, mariin kun asoosamni kun bifa kanaan akka gara fuulduraatti tarkaanfatu taasiseera

### 4.2.3.Raaguu

Raaguun tooftaa barreessaan taatee gara fuulduraatti ni ta'a jedhee yaaduun qooddattootaan walsimsiisee asoosama gaadii keessatti ittiin ibseedha. Kanas barreessaan asoosama gaadii keessatti itti fayyadamuun jaargocha asoosamichaa ibsee jira

"Baay'ee gaariidha.Maal akka goonu sirriitti nadhaggeeffadhu,ati mana jettu sana natti agarsiistee narraa fagaattee dhaabbatta. Ani immoo tooftaa garaa garaatti gargaaramee

jiraachuufi hin jiraannee isaa adda nan baasa.Siin waan si beekuuf si arginaan gaarii hin ta'u."naan jedhe. Aniis heedduun gammade,hedduus keessikoo boqonnaa argate, jajjabinni Deebisaan naaf kenne waanan Fiqaaduu haloo ba'e natti fakkaate.......(Fuula, 64).

Waraabbii kana irraa kan hubannu seenessaan seenichaa kun Fiqaaduun akka waan harka isaa galeetti,harka isaa akka galuufis hawwii qabaachuu isaa ibseera.Abdiin isa keessa jirus, Fiqaaduu ajjeesuufi gara fuula duraatti Fiqaaduun harka isaa keessa akka galus yaadaan abjotee gammadaa jiraachuun isaa asoosamicha keessatti ibsameera.

**4.2.4.Duub-deebii**

Duubdeebiin tooftaa barreessaan waan darbe ta'ii ammaan wal bira qabuun duubatti deebi'ee kan nama yaadachiisuudha. Kanas barreessaan asoosamichaa itti fayyadamuun jaargocha asoosamichaa ibseeraa.

"Oromoon dur soba hin beekuu, nama hin ganu, fuuldura dubbata, nama hin hamatu. Garuu gamnooma waan hin beekneef isa cabsan malee kana rakkinni Oromoo durii tooftaa wallaaluu isaati. Fuuldura dhaabbachuufi fuuldura dubbachuu isaatu harka diinaatti akka kufu taasise……"( Fuula,120).

Waraabbii kanarraa kan hubannu, oromoon dur wal jaallatee, wal tumsee,kan kufe kaasee, icitii walii eegee, waliin jiraachaa turuu isaati. Garuu cabuu Oromoo duriif sababni tooftaa wallaaluu isaatu akka harka diinaa jalatti kufe kan agarsiiseedha

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kan jelatti dhimmoota muraasa qorannoo kana keessaa argametu dhiyaata. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun xiinxala jaargocha asoosama dheeraa Gaadii irratti kan xiyyeeffateedha. Qorannoo kanaaf Ka'umsa kan ta'e akkuma boqonnaa tokko keessatti ibsame, Qorataan kunis malaawwan qorannoo keessa mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuuni. Qorannoo kunis boqonnaalee garaagaraa shanitti qoodame kan dhiyaateedha.

Boqonnaa tokko keessatti Seenduubee qorannichaa, Ka'umsa qorannichaa, Kaayyoo gooroofi gooree qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa qabatee kan dhiyaateedha.

Boqonnaa lama keessatti immoo Sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkii kan ofkeessaa qabuudha. Sakatta'a barruu yaadrimee keessatti kan ibsame oguma, Maalummaa ogbarruu, faayidaa ogbarruu, gosoota ogbarruu, gosoota ogbarruu barreeffamaa, maalummaa asoosama, asoosama dheeraafi asoosama gabaabaa, caacculee asoosamaa, maalummaa Jaargochaafi caasaalee jaargochaatu ibsame.

Boqonnaa sadii keessatti malaa fayyadama ragaalee qorannoo kana keessatti itti fayyadamameefi saxaxan qorannichaa kan dhiyaateedha.

Boqonnaan afur keessatti Xiinxala hiika ragaaleetu ilaalame. Kana keessattis caacculeen asoosamaa, asoosama gaadii keessatti maal akka fakkatu, eessatti akka argamu kan secca'amee mul'ifameedha. Akaakuun / caacculeen jaargocha asoosama kanaas saaxila, tuqata, finiina, batmiira, sigigoofi furmaataan ibsameera. Dabalaataanis haaxaalee/ tooftaaleen asoosamni tokko ittiin dhiyaatu kanneen akka addeessuu, marii, raaguufi duubdeebiin dhiyaateera. Boqonnaa shan keessatti Cuunfaa, argannoofi yaboon kan dhiyaateedha.

## 5.2. ARGANNOO

Hojii kana keessatti qorataan kun yeroo qorannaa isaa kana geggeesse keessatti argannoowwan garaagaraa kanneen armaan gadii kana argateera.

- Tooftaa ijaarama jaargochaa barreessaan asoosama dheeraa Gaadii itti gargaaramee jalqaba, gidduu, xumura ta'uunsaa bira ga'ameera.

- Gosa jaargocha boqotaa, duub-deebiifi handhuuraa kan hin qabne ta'uun isaa bira gahameera.

- Jaargochi asoosama dheeraa Gaadii caacculee jaargochaa hunda kan of keessaa qabu ta'uu isaa bira gahameera. Caaculeen isaa kunis kanneen akka saaxilqa, tuqataa,

finiinaa, batmiiraa, sigigoofi furmaata keessa darbuun isaa hubatameera.

- Asoosamni dheeraa Gaadii haxaalee asoosamn8 tokko ittiin dhiyaate kanneen akka addeessuu,marii,raaguufi fuubdeebiin dhiyaachuu isaa bira gahameera.

- Kitaaba kana keessatti dogongora qubeessuu hedduutu mul'atu qorataan kun bira ga'eera.

- Kitaaba kana keessatti jechoota loogaa kan naannoo garaagaraan barreeffamuun isaa bira ga'ameera.

## 5.3 YAADA FURMAATAA/ YABOO

Argannoo qorannichaa irratti hundaa'uun yaboo/yaadi furmaata qorannichaa bifa armaan gadiin kaa'ameera.

- Caaculee asoosamaa keessaa jaargocha irratti xiyyeeffannoon kennamee, barbaachisummaan isaa hubatamee sirriitti utuu irratti hoojjatanii asoosama kalaqanii gaarii ta'a

- Bareessitoonni asoosama yeroo bareessan hunda caalaa sababaafi bu'aa gochaa irratti xiyyeeffannoo utuu kennanii gaarii ta'a.

- Barreessaan asoosama gaadii gosa jaargocha boqotaa, duubdeebiifi handhuuraa utuu makee itti fayyadamee asoosamichi caalatti gaarii ta'a. Warri kanaa achi asoosama barreessanis gosoota jaargochaa kanaa xiyyeeffannoo keessa utuu galchanii gaarii ta'a.

- Kitaaba kana keessatti dogongora qubeessuu hedduutu mul'ata kana furuuf immoo barreessaan kitaaba kanaa namoota biraa gulaalchisuun yookaan ofumaa irra deebi'uun sakatta'ee yookaan gabaabinaan osoo irra deebiin gulaalamee maxxanfamee gaariidha.

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Naatoo: yaad-rimee caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Far east Trading p|c.

Addunyaa Barkeessaa.(2019*). AKKAMTAA*: *Qorannoo Hujoo*. Finfinnee, Oromiyaa

Asafaa Tafarraa .(2009). *Eela:Seenaa oguma Oromoo*. Finfinnee: Far east Trading p|c.

Daagimee Gammadaa. (2010). *"Qaaccessa Ergaa Asoosama Dheeraa Qoraattii*" Waraqaa Qorannoo Digirii Baachilarii tokkoffaa gar-tokkeen guuttachuuf dhiyaate

Fedhesaa Taaddasaa .(2019). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: ADP press.

Filee Jaallataa (PHD) .(2019). *Malleen Qorannoo*. Finfinnee, Oromiyaa: ADP Printing Press

Geetaachoo Rabbirraa.(2009). *Furtuu*. Finfinnee Oromiyaa Kuraaz Internaashinaal publishing enter prise

Jaarraafi Wasanee .(2008). *Bantuu*. Seerlugaafi Og-barruu Afaan Oromoo.Finfinnee:Oromiyaa

Misgaanuu Gulummaa .(2012). *Yandoo.Ogumaafo Og-walaloo Oromoo.* Finfinnee:Far east Treding P L C.

Rabbirraa Tafarraa .(2009). *Gadaa.Caasluga Afaan Oromoo kutaa 9fi 10*. Finfinnee: Gadaseries

Tafarii Nugusee .(2005). *Wiirtuu Jiildii 10ffaa. Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*.Finfinnee:Printing Branna P E.

Wasanee Basha .(2006). *Bantuu haaraa*. Finfinnee:Kuraz Printing Press.

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaa qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuuniversiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uukoo mallattoo kootii mirkaneessa.

**Maqaa Qorataa______________________________**

Mallatoo_________________________

Guyyaa__________________________

**Maqaa Gorsaa _______________________________**

Mallattoo___________________________

Guyyaa__________________________